# Mootummaa Naannoo Oromiyaa

## Dambii Hojimaataa

## Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

## Lakk. 131/2003

Muddee 7, 2003
Finfinnee

# DAMBII HOJIMAATA
# MANA MARII BULCHIINSA
# MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

## LAKK.131/2003

# BAAFATA

Mata Duree Fuula

KUTAA TOKKO

Waliigala

1.Mata Duree Gabaabaa .......... 2
2.Hiika .......... 2
3.Miseensotaa fi Bakka Bu'oota Miseensotaa .......... 3
4. Ittiwaamama Mana Marichaa .......... 4
5. Aangoo fi Hojii Mana Marichaa .......... 4
6.Gurmaa'ina Mana Marichaa .......... 5
7.Haala Hojii Koree ykn Dameewwan fi Gorsitootaa .......... 5
8.Walitti Bu'iinsa Faayidaa .......... 6

KUTAA LAMA

Hojimaata Mana Marichaa

9.Waliigala .......... 6
10. Itti Gaafatamummaa dhuunfaa fi Waliinii .......... 7
11. Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa .... .......... 8
12. Miseensi Mana Marii Kamiyyuu .......... 9
13. Ittigaafatamaa Waajjira Mana Marii Naannichaa .......... 10

KUTAA SADII

Waa'ee Dhimmoota Mana Marichaaf Dhiyaatanii

14. Dhimmoota Mana Marichaaf dhiyaatan .......... 11
15. Akkaataa Wixineen Seeraa itti Dhiyaatu .......... 13
16. Akkaataa Dhiheenya Dhimmootaa .......... 14
17. Waa'ee Dursaanii Mari'achuu .......... 15

KUTAA AFUR

Sirna Walgahii Mana Marichaa

18. Gosoota Walgahii Mana Marichaa .......... 15
19. Sa'aa Walgahii ..... .......... 16
20. Taa'umsa .......... 16
21. Guutummaa Walgahichaa .......... 16
22. Ajandaa qabsiisuu fi mirkaneessuu .......... 17
23. Marii Jalqabuu .......... 18

24. Tarree Dubbatootaa fi Marii .................... 18
25. Ibsitoota Waamuu .................... 19
26. Waa'ee Yaada Murtee Dhiyeessuu .................... 19
27. Yaada Irratti Yaada Fooyya'iinsaa Dhiheessuu .................... 20
28. Mirga Yaada Kaasuu(Dhiisuu) .................... 20
29. Marii dhaabsisuu .................... 21
30. Murtee Kennuu .................... 21

## KUTAA SHAN

### Murtee fi Qaboo Yaa'ii Mana Marichaa

31. Murteewwan Mana Marichaa .................... 22
32. Qaboo Yaa'ii ....................22

## KUTAA JAHA

### Sirna Wal-gahii fi Naamusa Miseensotaa

33. Sirna Walgahii kabajuu .................... 23
34. Tarkaanfiiwwan Sirna Kabachiisuuf Fudhataman .................... 24
35. Sirna Naamusa Miseensotaa .................... 24
36. Balleessaa Naamuusaa .................... 25
37. Adabbiiwwan .................... 25

## KUTAA TORBA

### Sirna Miseensonni Ittigaafatamuumaa Irraa Itti Ka'an fi fedhii isaaniitiin Hojii Itti Gad Lakkisan

38. Sirna Miseensonni Mana Marichaa Ittigaafatamummaa Irra Itti Ka'an . 26
39. Miseensonni haala fedhii isaaniitiin hojii itti gad lakkisan .................... 27
40. Sirna wal-harkaa fuudhiinsaa fi waraqaa ragaa .................... 27

## KUTAA SADDEET

### Sirna faayidaalee, Badhaasaa fi Deemsa Biyya Alaa

41. Waa'ee faayidaalee adda addaa miseensotaaf kennamuu qabanii ...... 28
42. Sirna Badhaasaa fi Kennaa .................... 28
43. Sirna Adeemsa Biyya Alaa Miseensota Mana Marichaa .................... 28

## KUTAA SAGAL

### Tumaalee Adda Addaa

44. Dambicha Fooyyessuu .................... 30
45. Qajeelfama baasuu .................... 30
46. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne .................... 30
47. Dambichi yeroo Itti ragga'u .................... 31

## Dambii Lakk.131/2003

# DAMBII HOJIMAATA MANA MARII BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoo fi hojii seeraan itti kenname gahumsaan raawwachuu akka danda'u haala hojii isaa fi sirna walgahii isaa haala dimokraatawaa, iftoomaa fi itti gaafatamummaa qabuun gaggeessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qaama raawwachiiftuu Naannoo qindeesuu fi gaggeesuun aangoo fi hojii mana marichaa waan ta'eef, haaluma kanaan sirna qaamonni kunniin bu'a qabeessa akka ta'an itti qindaa'anfi hogganaman akkasumas dhimmoonni mana mariif dhiyaatan adeemsa itti dhiyaatanii fi murtee itti argatan murteesuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heeraa fooyya'aa Naannichaa Lakk.46/1994 keewwata 55(6) fi Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Gurmeesuu fi Aangoo fi Hojii Isaanii Murteesuuf Bahe Lakk. 162/2003 keewwata 10 (1) (a)tiin dambiin kun bahee jira.

# KUTAA TOKKO
## WALIIGALA

1. ***Mata Duree Gabaabaa***

Dambiin kun "Dambii Hojimaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 131/2003" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. ***Hiika***

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Heera" jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan bara 1994 fooyya'ee bahe Lakk.46/1994 fi labsiiwwan isa fooyyesuuf bahan Lakk.94/1997 fi 108/1998 jechuudha.
2) "Mana Marii" jechuun Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa akka Heeraatti kan hundaa'e jechuudha.
3) "Naannoo" jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha
4) "Miseensa" jechuun miseensa Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa jechuudha.
5) "Walitti qabaa" jechuun walitti qabaa Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa jechuudha.
6) "Koree" jechuun koree Mana Marichaatiin ykn Dura taa'aa Mana Mariitiin dhaabbatu jechuudha.
7) "Ibsitoota" jechuun ogeesota, gageesitoota ykn namoota dhimmoota manni marii irratti mara'atu ilaalchisee yaada, jecharagummaa ykn ibsa akka kennaniif wal-gahii mana marii irratti hirmaatan jechuudha.
8) "Dameewwan ykn Daarektoreetii" jechuun dameewwan adda addaa ykn daarektooreetii adda addaa waajjira pirezidaan-

tii keessatti ijaaramanii fi manni marii fi dura taa'aan mana marichaa hojii isaanii fiixaan baasuu akka danda'an deeggaruu akkasumas karooraa fi raawwi hojii manneen hojii mootummaa xiinxaluudhaan mana mariif ykn walitti qabaaf dhiyeesuuf kan ijaaraman jechuudha

9) "Itti gaafatamaa" jechuun akkaataa Labsii 162/2003tiin itti gaafatamaa Waajjira Pirezidaantii fi Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa jechuudha.

10) "Pirezidaantii" jechuun Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.

11) Caffee" jechuun bu'uura Heera bara 1994 fooyya'e keewwata 46(1)tiin kan hundeeffamee fi qaama ol'aanaa fi seera baasaa naannichaa jechuudha.

12) "Biiroo"jechuun qaama raawwachiiftuu miseensa mana marii ta'an jechuudha.

### 3. *Miseensotaa fi Bakka Bu'oota Miseensotaa*

1. Miseensonni Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo kan armaan gaditti tuqaman tahu.
   a) Pirezidaantii;
   b) Itti aanaa pirezidaantii
   c) Hoggantoota Biiroolee;
   d) Ittigaafatamaa Waajjira Pirezidaantii fi Mana Marichaa;
   e) Miseensa akka ta'aniif Pirezidaantii Naannichaatiin filatamanii Mana Mariitiin kan mirkanaa'an.
2. Hogganaan mana hojii miseensa ta'e dhimma humnaan oli ta'een walgahii Mana Marii irratti hirmaachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, walitti qabaa dursee hayyamsiisuun Itti aa-

naa mana hojichaa akka hirmaatan gochuun ni danda'ama;

3. Manneen Hojii Itti aantota tokkoo ol qaban nama bakka bu'iinsi ifati Hogganaadhaan kennameefiitu hirmaata.

4. ***Ittiwaamama Mana Marichaa***

Ittiwaamamni mana marichaa akkaataa Heera fooyya'aa keewwata 54 keewwata xiqqaa 3 jalatti tumameen pirezidaantii fi Caffeef ta'a.

5. ***Aangoo fi Hojii Mana Marichaa***

1. Akkaataa keewwata 55 Heerichaan aangoon mana marichaaf kenname akkuma eegametti tahee, Manni Marichaa aangoo fi hojii kanatti aanee ibsaman ni qabaata.

a) Karoora Biirolee fi manneen hojii Mootummaa biroo ni raggaasa, raawwii hojii isaanii karoora isaanii waliin walbira qabee gamaaggamuudhaan qajeelfama barbaachisaa ta'e ni kenna;

b) Akkaataan karoorri fi gabaasni raawwii hojii itti qophaayuu fi dhiyaatu ilaalchisee qajeelfama ni baasa;

c) Dhimmoota imaammataa irratti ni mari'ata, akka barbaachisummaa isaatti haaraa ni baasa, kan duriis ni fooyyessa;

d) Dhimmoota dantaa fi faayidaa ummata naannichaa eegsisuu danda'an qoratee qopheesuudhaan ykn qophaa'anii akka dhiyaatan taasisuun hojii irra akka oolan ni taasisa.

e) Labsiilee haarawaa bahuu qaban wixinee isaanii qopheessee ibsa wajjin Caffeef ni dhiyeessa;

f) Dambii ykn qajeelfama ni baasa.

g) Daawwannaa biyya alaa miseensota mana marichaan taasifamu ilaalchisee barbaachisaa ta'ee yoo argame irratti ni

mar'ataa, kallattii barbaachisaa ta'es ni kenna,gabaasa isaa irratis ni mar'ata.

h) Naannicha keessatti daawwannaa kan gaggeessan jiila qondaaltota biyya alaa ilaalchisee akka barbaachisummaa isaatti mari'achuudhaan miseensota mana marichaa dhimmi ilaaluuf qajeelfama ni kenna, barbaachisaa tahee yemmuu argamus gabaasa kana ilaalchisee dhiyaatu irratti ni mar'ata.

2. Akkaataa keww. kana keww. xiq.(h)tti raawwachuun kan hin danda'amne yoo ta'e qaamni dhimmi ilaalu pirezidaantichaan mari'achuun ni raawwata.

## 6. *Gurmaa'ina Mana Marichaa*

Manni marii gurmaa'ina kanatti aansee jiran ni qabaata;

1. Mana marichaa;
2. Waajjirichaafi qaamota isa jalatti gurmaa'an;
3. Manni marichaa akkuma barbaachisummaa isaatti koree adda-addaa qabaachuu ni danda'a.

## 7. *Haala Hojii Koree ykn Dameewwan fi Gorsitootaa*

1. Dhimmoota walxaxaa marii yeroo dheeraa ykn gadifageenyaan xiinxaluu kan barbaachisan ykn ogummaa fi beekumsa addaa kan barbaadan qophii karooraa fi gabaasa raawwii isaa irratti mari'achuudhaan yaada murtee mana marichaaf kan dhiyeessan koreen adda addaa ykn dameewwan fi gorsitoonni yeroof ykn dhaabbiidhaan walitti qabaadhaan ykn mana marichaatiin hundaa'uu ni danda'u;
2. Walitti qabaan koree mana marichaan ykn walitti qabaadhaan kan ramadaman ta'ee, miseensonni mana marii, miseensota koree, itti gaafatamtoota manneen hojii biroo ykn ogeessota hojichaaf barbaachisaa ta'an ta'uu ni danda'an.

3. Kan kanaan olitti keewwata kana keewwata xiqqaa(2) irratti ibsame akkuma eegameti ta'ee, miseensi mana marii koree keessatti kan hirmaatu yoo ta'e, walitti qabaan koree isa ta'a.

4. Koreen ykn dameewwan fi gorsitoota akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalati ibsameen dhimmoota tarsiimoo fi imaammata wajjin walqabatan, dhimmoota marii barbaadan fi gadi fageenyaan ilaalamuu qaban akkasumas karooraa fi raawwii hojii dameewwan sana ilaalan xiinxaluudhaan walitti qabaatiif ykn mana mariitiif kan dhiyeessan ta'a.

5. Koreen kamiyyuu sagalee malee kan hirmaatan dhimmoota mana marichaan qajeelfamaniif irratti marii godhaniif yaada murtee dhiyeessan ykn yaada isaan kan biraa icitiidhaan eeguu qaban.

8. ***Walitti Bu'iinsa Faayidaa***

Miseensi Mana Marii kamiyyuu ittigaafatamummaan walitti qabaa koree ta'uun ykn dhuunfaasaatiin akka raawwatu kennameef ykn dhimmi gareewwan akka mari'achiisu dhihaateef kallatiin mata isaa ykn fira isaa kan ilaalu yoo ta'e kanuma walitti qabaa beeksisu qaba.

## KUTAA LAMA

## Hojimaata Mana Marichaa

9. ***Waliigala;***

1. Manni marii bulchiinsa naannichaa qaama raawwachiiftuu ol-aanaa naannichaa yemmuu tahu, imaammata Mootummaa baasuu fi raawwii isaas qindeesuu fi hogganuuf ittigaafatamummaa qaba;

2. Hojimaanni Mana marichaa dimookraata'aa, hirmaachisaa, iftoomaa fi itti gaafatamummaa kan saffisiisuufi miseensonni walqixxummaafi walabummaadhaan kan yaada itti wal-jijjiiran ta'a.

3. Murtee mana marichaa miseensonni hundi dirqama kaba-juu fi kabachiisuu qaban;

4. Miseensi mana marichaa dhimma tokko murteedhaaf osoo hin dhiyeesin dura qaamota dhimmichi ilaallatu mari'achiisee yaada kennameef hubachuu fi wajjin dhiyeessuu qaba;

5. Dhimmoonni murtee mana marichaaf dhiyaatan abuura (Proposal) ykn sanadoonni qorannoo beekumsa guutuu ir-ratti kan hundaa'an, faayidaa ummataa tilmaama keessa kan galchaniifi ragaalee barbaachisan hundaa of keessatti qabatanii kan qophaayan ta'uu qabu;

6. Murteen mana marichaa dhimmoonni barbaachisummaa qaban hundi gadi fageenyaan sakata'amanii haala hojii fi imaammata mootummaa tilmaama keessa kan galche tahuu qaba;

## 10. *Itti Gaafatamummaa dhuunfaa fi Waliinii*

1. Miseensi mana marichaa kamiyyuu aangoo fi hojii seeraan kennameef ilaalchisee ittigaafatamummaa dhuunfaa isaatiin ni qabaata, miseensummaa mana marichaatiin immoo aan-goo fi hojii kennameef ilaalchisee itti gaafatamummaa wali-inii ni qabaata;

2. Miseensi mana marichaa kamiyyuu:

   a) Murtee manni marichaa dabarsuuf ni abboomama, ni bula;

   b) Marii ummataa fi waltajjiiwwan kamiyyuu irratti yemmuu argamu murtee, imaammatoota fi tarsiimoowwan manni

marichaa waliin dabarse deeggaruu qaba.

3. Miseensonni dhimmoota damee hojii seeraan isaaniif kennamee ala ta'an irratti ummataaf haasaa (dubbii) ykn yaada akka kennan waamichi yoo godhamuuf duraan dursee pirezdaantii ykn qaama dhimmi ilaalu wajjin mar'achuufi eeyyamsiisuu qaba.

## 11. *Aangoo fi Hojii Walitti Qabaa*

1. Walitti qabaan mana marichaa pirezidaantiidha;
2. Aangoo fi hojiin walittiqabaadhaaf Heera Naannichaa keewwata 57n kenname akkuma eeggametti tahee walgahii mana marichaa ilaalchisee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata.

   a) Walga'icha ni hoggana, mana marichaa bakka ni bu'a, ni qindeessa;

   b) Dambii hojimaata kanaa fi seerota biroo ni kabachiisa;

   c) Akkaataa murtee mana marichaatiin walga'ii irratti argamanii akka ibsa kennan kan barbaachisan qondaaltota, ittigaafatamtoota ykn namootni biraa akka dhiyaatan ni godha;

   d) Dhimmoota gadifageenyaan ilaalamuu qaban koreedhaan ykn dameewwaniin ilaalamanii akka dhiyaatan ni taasisa;

   e) Dhimmoolee ajandaa mana marii ta'uu qaban ni murteessa.

   f) Yemmuu barbaachisaa tahee argamu, dhimmoota mariin irratti gaggeeffame irratti sagaleen akka kennamu ni taasisa;

g) Hojimaata mana marichaa ilaalchisee murtee isa dhumaa kan kennu ta'a;

h) Raawwii murteef qajeelfama mana marichaa ni hordofa;

i) Adeemsa walga'ii irratti duraa fi duuba dubbatootaa tartiiba qabsiisa, dubbachuuf carraa ni kenna, naamusa walga'ichaa ni kabachiisa;

3. Yeroo walitti qabaan hin jirre, Itti aanaan Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bakka bu'ee walga'ii mana marichaa ni gaggeessa.

## 12. *Miseensi Mana Marii Kamiyyuu:*

1. Dhimmoota marii waliinii fi murtee barbaadan akkasumas dhimmoota gurguddoo imaammata fi tarsiimoo mootummaa ilaalatan fi karoora hojii fi gabaasa raawwannaa hojii mana hojichaa inni hogganu yeroon qopheesuun mana marichaaf dhiheesuu qaba;

2. Dhimmoota mana marichaa irratti akka dhiyaatan qophaa'an irratti yaada akka kennu miseensota mana marichaatiin ennaa gaafatamu yeroo dhimma kanaaf kaa'ame kabajuudhaan yaada isaa kennuu qaba;

3. Walgahii mana marichaa irratti argamuu fi qophii ga'aa taasisuun dammaqinaan hirmaachuu qaba;

4. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti jiruun raawwachuuf humnaa ol yoo tahe ykn haala dirqisiisaa yoo isa mudate walitti qabaa dursee beeksisuu fi hayyamsiisuu qaba;

5. Dambii kanaan hojimaataawwan kaa'aman kabajuu fi hojiilee biroo mana marichaatiin kennamaniif raawwachuu qaba.

## 13. Ittigaafatamaa Waajjira Mana Marii Naannichaa

Heera Naannichaa keewwata 59 jalatti kan tumame akkuma ee-gametti tahee, ittigaafatamaan waajjira mana marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa haala raawwii hojii mana marichaa mijeessuu fi tajaajila gargaarsa waliigalaa kennuuf itti gaafatamummaa yemmuu qabaatu; kunis kan armaan gadii ni dabalata:-

1. Hojii mana marichaa fi waajjira pirezidaantii ni hoggana, ni qindeessa;
2. Ooltee mana marichaa yeroo yeroodhaan ni dhiyeessa; dhimmoota ummataaf ibsamuu qaban jedhamee qajeelfamni irratti kenname yeroodhaan akka ibsaman ni taasisa;
3. Sagantaa hojiifi ajandaalee mana marichaa qindeessuudhaan walitti qabaadhaaf gargaarsa barbaachisu hunda ni kenna;
4. Ajandaa manni marichaa irratti maryatu akkaataa dhiyaateen duuraa fi duuba isaan qopheessuun walitti qabaaf ni dhiyeessa;
5. Ajandaa marii walitti qabaadhaan murtaa'ee fi sanadoota mariif barbaachisan hunda beellama walgahii guyyaa 2(lama) dursee karaa Daarektoreetii Dhimma Kaabineetiin miseensotaaf akka raabsamu ni taasisa;
6. Keewwata kana keewwata xiqqaa (5) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, sanadoota mariif dhiyaatan dubbisuuf yeroo kan barbaadan yoo ta'e yeroo gahaa fudhatamee qophii gahaa akka taasifamuuf durfamee ni dhaqabsiifama;
7. Qaboo yaa'ii walgahii mana marichaa nama dhimma kanaaf ramadameeen sirriitti qabamuu isaa ni mirkaneeffata;
8. Murtiin mana marichaa icitummaan isaa eegamee barreeffamaan qaamota ykn namoota dhimmi ilaaluuf guyyaa 3 keessatti akka ga'u ni godha.

9. Dhimmoonni mana marichaaf dhiyaatan sadarkaa qulqullina qabaachuu qaban eeggatanii dhiyaachuu isaanii ni mirkaneeffata;

10. Galmi walgahii mana marichaa sirriidhaan gurmaa'uu isaa fi hojii miseensotaaf kan barbaachisan tajaajilli fi meeshaaleen adda addaa akka guutaman ni taasisa;

11. Sanadootaa fi galmee mana marichaa akkasumas manneen hojii sanadootaa fi yaada murtii mana marichaaf dhiyaatan qindaa'aniifi gurmaa'anii sirriitti akka qabaman ni taasisa;

12. Manneen hojii sanadootaafi yaada murtii mana marichaaf dhiyeessan ilaalchisee gorsaafi gargaarsa ni kenna, ni qindeessa;

13. Murtee mana marichaaf ykn koree hundaa'aniif kan gargaaru deeggarsa ogummaa fi gorsa ni kenna;

14. Hojjetoonnifi qaamoleen waajjiricha jalatti gurmaa'an dirqama isaanii sirriitti bahuu akka danda'an ni gargaara, ni qindeessa, ni hoggana;

15. Walitti qabaan ykn mana mariidhaan hojii dabalataa kennamuuf ni raawwata.

## KUTAA SADII

### Waa'ee Dhimmoota Mana Marichaaf Dhiyaatanii

***14. Dhimmoota Mana Marichaaf dhiyaatan***

1. Akkaataa Heera naannichaa keww.55 irratti tumameen dhimmooni mana marichaa irratti dhiyaachuu qaban sirna dambii kanaan diriire hordofuudhaan mana marichaaf dhiyaachuu qaban;

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame ak-

kuma eegametti ta'ee, dhimmoonni mana marichaaf dhiyaachuu qaban kan armaan gaditti tarreeffamaniidha.

a) Dhimmoota imaammataafi tarsimoo ta'an fi akka haaraatti kan bahan ykn kan durii kan fooyyessan;

b) Aangoon Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdeef kenname akkuma eegametti tahee, dhimmoota dirqama faayinaansii ulfaataa fiduu danda'an ykn ramaddii dabalata bajataa ilaalchisee yaada murtee ykn abuura;

c) Dhimmoota gurmaa'ina caasaa fi haala hojii mootummaa ilaalatu;

d) Karoora yeroo dheeraa, gabaabaafi gabaasa raawwii hojii biirolee fi manneen hojii mootummaa biroo;

e) Labsiilee fi dambiiwwan haarawaa bahuu qaban ykn kan fooyya'uu qaban;

f) Dhimmoota aangoo fi hojii Biiroolee adda addaa kan tuquu fi biiroolee/manneen hojii dhimmi ilaalu gidduutti waliigalteen irratti gahamuu kan hin danda'amne;

g) Waliigaltee naannicha bakka bu'uudhaan seenamu;

h) Imaammata ykn tarsiimoo ykn gabaasa hojii qaama mootummaa ilaallatu irratti marii ummataa taasifamuu fi sanadoota qophaa'an raabsuu ykn ifa baasuu ilaalchisee gaaffii dhiyaatan;

i) Dhimmoota biroo mana marichaatiin murtaa'an.

3. Sanadoonni mariif dhiyaatan hundi qabiyyee fi afaan itti qophaa'e qulqullina sadarkaa olaanaa kan qabu tahuu qaban;

4. Dhimmi murtee mana marichaa barbaachisu hundinuu dhimmoota murteen irratti akka kennamuuf barbaachisan adda

bahanii ifatti dhiyaachuu qabu;

5. Wixineen seeraa ykn imaammanni ykn tarsimoon haarawaa ykn kan durii kan fooyyessu osoo hin qophaa'in dura walitti qabaa waliin mari'achuun barbaachisaadha;
6. Baayinni waraabbii sanadootaa ittigaafatamaa waajjira mana marichaatiin murtaa'a;
7. Dhimmoonni dhiyaatan ittigaafatamaa waajjira mana marichaatiif kan dhiyaatan tahee ajandaa mana marichaa keessa yoom akka seenuu qaban kan murteessu walitti qabaa mana marichaa ta'a;
8. Miseensi kamiyyuu dhimma cimaa fi ariifachiisaa ta'e walitti qabaa eeyyamsiifachuudhaan waltajumma sana irratti bareeffamaan ykn jechaan ibsa dhiyeessuu ni danda'a;
9. Dhimma kamiyyuu irratti walitti qabaan ykn manni marii dhimmichi osoo mana mariitti hin dhiyaatiniin dura koreen ykn garee gorsitootaatiin akka qoratamee dhiyaatu taasisuu ni danda'a.

***15. Akkaataa Wixineen Seeraa itti Dhiyaatu***

1. Wixineen seeraa mana marichaaf dhiyaatu hundi Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa fi Afaan Ingiliziidhaan qophaa'ee ibsa yaada bu'uuraa wixinichaa fi qorannaa wixinee qopheesuuf gaggeeffame wajjin ta'uu qaba;
2. Wixineewwan seeraa osoo mana mariitti hin dhiyaatin dura haala kanatti aanee ibsameen ilaalamee dhiyaachuu qaba;
   a. Qaamni wixineen seeraa akka qophaa'u yaada burqisiise, duraan dursee barbaachisummaa fi kallattii isaa irratti walitti qabaa wajjin maryachuu qaba.

b. Qaamni wixinee seeraa qopheesse qu'annoo wixini[...] qopheessuuf gaggeeffame wajjin Biiroo Haqaatiif dh[...] yeessuun ogummaa seeraatiin ilaalamee wajjiin irrati mar[...] atamuun sirreefamni barbaachisaa ta'e erga taasfamee[n] booda ta'uu qaba.

c. Wixineen akkaataa keewwata kana keww.xiqqaa (b) tiin Biiroo Haqaa fi qaama wixinee qopheesse wajjin ilaalameefi sirraa'e, qu'annoo gaggeeffamee fi yaadota falmisiisaa fi murtii barbaadan haala agarsiisuu danda'uun qophaayee xalayaadhaan waajjira pirezidaantiif dhiyaachuu qaba;

d. Wixineen haala kanaan oliti ibsameen waajjira pirezidaantiitiif dhiyaate, yeroo gabaabaa keessatti dameen seeraa qaama wixinee qopheesseefi Biiroo Haqaa wajjin ta'uudhaan ilaaluun sirreeffama seeraa barbaachisaa ta'e taasisuudhaan barbaachisaa ta'ee yoo argame qaamota biroo dhimmi ilaalu wajjin marii gaggeesuun wixineen akka gabbatu ni taasfama;

e. Wixineen akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (d) tin damee seeraan erga ilaameen booda mana marichaaf dhiyaachuu qaba.

**16. *Akkaataa Dhiheenya Dhimmootaa;***

1. Dhimmi mana mariif dhihaatu kamiyyuu:-

   a) Ibsa ijoo dubbii dhimmichaa, bu'a qorannichaa, faayyidaa argamsiisu danda'uu fi qabxiiwwan murteen akka itti kennamu barbaadaman kan qabate;

   b) Wixinee seeraa yoo ta'e, akkaataa keewwata 15tin qophaa'ee dhiyaachuu qaba;

### *17. Waa'ee Dursaanii Mari'achuu*

a) Dhimmi murtee barbaachisu kamiyyuu osoo mana mariif hin dhiyaatin dura manneen hojii dhimmi ilaalu, fedeeraala, naannolee biraa dabalatee yoo barbaachisaa tahee argames yaada hawaasichaa argachuudhaan yaada kanniin jiddugalleessa kan godhate dhiyeesuun dirqama mana hojii mootummaa dhimmicha dhiyeesuu taha;

b) Dhimmi kamiyyuu murtee mana marichaaf yemmuu dhiyaatu akkaataa kanaan olitti ibsameen qaamolee maricha keessatti hirmaatanii fi bu'aa marii irraa argameen gabbiffamuu isaa kan ibsu miiltoo yaada murtichaa waliin dhiyaachuu qaba;

c) Marii taasifameenis dhimmoota falmisiisaa irratti waliigaltee irra gahuun yoo dadhabame ibsa isaa fi yaada murtii filannoo adda addaafi ciminaafi hanqinaalee filannoowwan kanneenii waliin mana marichaaf dhiyaatutti dabalee dhiyeessuu qaba.

## KUTAA AFUR

### Sirna Walgahii Mana Marichaa

### *18. Gosoota Walgahii Mana Marichaa*

1. Walgahii Idilee:

a. Manni marichaa walgahii idilee torbanitti guyyaa tokko ni gaggeessa;

b. Walgahii torbee akka barbaachisummaa isaatti walitti qabaan akka dabru murtaa'uu ni danda'a;

c. Manni marichaa gamaaggama karooraafi raawwii hojii

kurmaanaan walgahee ni gamaaggama;

2. Walgahii Ariifachiisaa:

a. Haalli dhimmichaa barbaachisaa kan taasisu yoo ta'e, walgahii ariifachiisaa gaggeessun ni danda'ama;

b. Walgahii ariifachiisaan kan gaggeeffamu walitti qabaadhaan ykn miseensotni harka sadii keessaa tokko ta'an barreeffamaan yoo gaafatan ni waamama.

**19. *Sa'aa Walgahii***

Haala, addaatiin yoo murtaa'e malee sa'aan walgahii mana marichaa:

a) Ganama 3:00-6:30 yoo ta'u

b) Waaree booda 8:30-11:30 ni ta'a.

c) Keewwanni (a) fi (b) kanaan olitti ibsame yoo jiraatellee walgahiin mana marichaa guyyaa walakaa qoofaaf tahuu ni danda'a.

**20. *Taa'umsa***

Miseensotni mana marii fi namootni walgahii irratti akka argaman hayyamameef ykn waamichi godhameef bakka ittigaafatamaan waajjira mana marii ramaduun ta'a.

**21. *Guutummaa Walgahichaa***

1. Miseensota Mana Marii keessaa walakkaa ol(50+1) kan ta'an yoo argaman yaa'ii walgahii guutuu ta'a;

2. walgahiin guutuu ta'uu isaa yoo mirkanaa'e walitti qabaan manni marii walgahii akka jalqabu ni taasisa;

3. Sababa miseensotni argamuu dhabuutiin yeroo lama ykn isaa ol ta'aniif walgahii adeemsisuun kan hin danda'amne

yoo tahe walitti qabaan akkaataa dambii kana keessatti ibsameen tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata.

**22. *Ajandaa qabsiisuu fi mirkaneessuu***

1. Miseensota mana marii keessaa ajandaa qabsiisuu kan barbaadu yoo jiraate wal-gahicha guyyaa sadi(3) dursee itti gaafatamaa waajjirichaaf barreeffamaan dhiheessuu qaba;

2. Ajandaan miseensota mana marii irraa dhihaatu dhimma ariifachiisaa ta'uun sagalee harka caalaa miseensota mana mariitiin yoo itti amaname walgahicha irratti jechaan dhihaachuu ni danda'a.

3. Manni marichaa akkaataa ariifachiisummaa fi ulfina dhimmichaatiin sagalee walkaa oliin(50+I) ajandaa isaa ni raggaasisa, tartiiba isaas ni murteessa.

4. Akkaataan tarreen ajandaa mana marii itti murtaa'u;

   a. Qaboo yaa'ii walgahii dabree (akka mirkanaa'uuf);

   b. Dhimma ariifachiisaa walitti qabaadhaan dhihaatu;

   c. Dhimmoota manni marichaa walga'ii itti aanuuf dabarse.

   d. Dhimmoota miseensotaan dhiyaatanii ariifachiisummaan isaanii itti amaname;

   e. Dhimmoota miseensotaan dhihaatanii manni marii deeggare ;

   f. Dhimmoota manni marii ogeesotaan, koreedhaan ykn dammeewwaniin akka qorataman murteessee qoratamanii dhihaatan.

   g. Dhimmoota biroo.

## 23. *Marii Jalqabuu*

1. Akkaataa tarree ajandaa manni marii raggaasiseen dhimmi mariif dhihaachuu qabu dhihaatee walitti qabaadhaan mari-in ni adeemsifama

2. Mariin dhimma tokko irratti kan jalqabamu walitti qabaad-haan ykn waliitti qabaa koree dhimmicha qorateen ykn ogeessa ibsa dhiyeesu erga dhaggeeffateen booda ta'uu danda'a.

## 24. *Tarree Dubbatootaa fi Marii*

1. Miseensi tokko dubbachuu yoo barbaade harka baasuun walitti qabaa gaafachuu qaba;

2. Walitti qabaan akkaataa harka baafameen ykn dhim-michaaf barbaachisaa ta'een haala tarreefama qaba-chuun walduraa duuba dubbattootaa ni murteessa; yeroo dubbii dubbatootaatiif hayyamus murteessee beeksisuu ni danda'a;

3. Baayinni dubbatootaa akkaataa dhimmichatiin murtaa'a. Miseensonni deeggaruun ykn mormuun dubbatan hanga danda'ametti carraa qixxee akka qabaatan ni godhama;

4. Miseensi tokko hayyamameefii dubbachaa osoo jiruu miseensi biraa dubbii isaa jalaa kutuun hin danda'amu. Ta'uus mariin sirna gadhiiseera jechuudhaan "ibsaa"f ykn "odeefannoo" kennuuf ykn waa'ee "dambii" jechuun walitti qabaan daba-ree osoo hin eegin akka dubbatu carraa ni kennaaf; gaaffiin "Dambii" hunda irraa dursi ni kennamaaf, "Odeefannoof" fi "ibsaaf" akkaataa walduraa duubummaa isaaniitiin ni dhi-haatu;

**25. Ibsitoota Waamuu**

1. Manni Marii barbaachisaa ta'ee yoo argu ibsa ykn jecha raggummaa isaanii akka kennan ittigaafatamtoota, ogeesota, ykn namoota biraa guyyaa, sa'aa fi iddoo murteessuun beeksisee waamuudhaan akka argaman gochuu ni danda'a.

2. Miseensonni dhimma mana mariitiif dhiyeessan irratti ogeesota ibsa akka kennan barbaadan walitti qabaa hayyamsiisuun akka hirmaatan fi ibsa akka kennan taasisuu ni danda'u.

3. Namoonni haala kanaan olitti keewwata kana keewwata xiqqaa(1) fi (2) jalatti ibsameen akka hirmaatan taasifaman dhimma hirmaatan fi yaadota walgahii irratti ka'aa turan icitiidhaan eeguu qaban. Duraan dursee osoo mariin hin jalqabamin yaadni kun ibsamuufii qaba.

**26. Waa'ee Yaada Murtee Dhiyeessuu**

1. Walitti qabaan dhimmicha irratti marii gahaan godhameera jedhee yoo amanu, yaada murtee dhiheessuu ykn miseensa mana marii irraa barreeffamaan ykn jechaan dhihaachu ni danda'a.

2. Yaadawwan kanatti aanaan ilaalchisee kan miseensotaan dhihaatan yaada murtii ykn yaada fooyya'iinsaa kamiyyuu irraa dursi ni kennamaaf;

   1. Dhimmichi irra deebi'amee akka qoratamu;
   2. Dhimmichi yeroo hin murtoofneef akka darbu;
   3. Walgahichi beellamaan akka darbu;
   4. Falmiin dhimmicha irratti godhamu akka bulu;
   5. Marichi dhimma itti aanutti akka darbu;

6. Yaada falmiin dhimmicha irratti godhamu akka xumurame dhihaatu;

3. Yaadni murtee barreeffamaan ykn jechaan dhihaachu ni danda'a;
4. Murteen mana marii sagalee caalmaa miseensota walgahicharratti argamaniitiin ni murtaa'a;
5. Dhimma tokko irratti yaadni murtee tokkoo ol yoo dhihaatu sagalee caalmaan adda baha;
6. Akkaataa tarreen sagaaleen itti kennamu dursa deeggarsaaf itti aanee mormiidhaaf dhuma irratti sagalee dhowwachuuf ta'a.

**27. *Yaada Irratti Yaada Fooyya'iinsaa Dhiheessuu***

1. Miseensi mana marii kamiyyuu yaada murtii marii irraa jiru irratti yaada fooyya'iinsaa barreeffamaan ykn jechaan dhiheessuu ni danda'a;
2. Walitti qabaan barbaachisaa ta'ee yoo argu yaada fooyya'iinsaa jechaan dhihaate barreeffamaan akka dhihaatu ajajuu ni danda'a;
3. Yaadni fooyya'iinsichaa qaama dhimma marii irra jiruu ta'ee fudhatamuu kan danda'u dursa qaamni dhimmicha dhiheesse ykn manni marichaa sagalee caalmaan yoo deeggare qofaadha;
4. Yaada fooyya'iinsaa irratti yaada fooyya'iinsaa dhiheessuun ni danda'ama. Ta'us fooyya'iinsi fooyya'iinsaa tokko ol dhihaachuu hin danda'u;

**28. *Mirga Yaada Kaasuu(Dhiisuu)***

1. Miseensi yaada marii ykn yaada fooyya'iinsaa dhiheesse dhimmicha irratti sagaleen kennamuun dura yaada dhi-

heesse kaasuu(dhiisuu) ni danda'a;

2. Yaadni marii ykn fooyya'iinsaa yoo ka'u yaadicha irratti mariin jalqabame ni dhabbata. Haa ta'u malee, yaada ka'e miseensi mana marii biraan sababa amansiisaadhaan akka yaada marii ykn fooyya'iinsa mata isaatti dhiheesuu ni danda'a. Yeroo kana mariin yaadiicha ykn fooyya'iinsicha irratti godhamu itti fuufa.

### *29. Marii dhaabsisuu*

1. Manni marichaa dhimma tokko irratti bal'inaan erga mari'atee booda walittiqabaan ykn miseensi kamiyyuu marichi dhaabbatee sagaleen akka itti kennamu yaada dhiheessuu ni danda'a;
2. Mariin akka hin dhaabbanne kan mormu yoo jiraate manni marichaa sagalee caalmaan ni murteessa.

### *30. Murtee Kennuu*

1. Sagaleen kan kennamu harka baasuun ifaan ta'a. Haa ta'u malee, miseensota mana marii walgahicharratti argaman keessaa harka sadii keessaa tokkoon (1/3) yoo itti amaname icitiin kennamuu ni danda'ama;
2. Yoo sagaleen walqixaate walgahiin dhaabbatee marii idilee taasisuudhaan walgahiitti deebi'amee sagaleen kennama. Yoo wal qixaate, yaadni garee walitti qabaan deeggarame ni fudhatama;
3. Yoo fedhii isaanii tahe miseensonni sagalee dhorkatanis tahee kennuu dhiisan yaada isaanii akka ibsan ni heyyamamaaf;
4. Walgahichi osoo hin bittinaa'in murteen darbe akka irra deebi'amee ilaalamu gaaffiin yoo dhiyaate sagalee caalmaa(50+1)n deeggarame irra deebi'amee ilaaluun ni

danda'ama. Hata'u malee, murteen duraan kenname kan jijjiiramu harka sadii keessaa harka lamaan (2/3) yoo deeggarame qofaadha.

# KUTAA SHAN

## Murtee fi Qaboo Yaa'ii Mana Marichaa

### *31. Murteewwan Mana Marichaa*

1. Bu'uura dambii kanaatiin namoota walgahii mana marichaa irratti akka argaman hayyamameef malee walgahiin mana marichaa nama kamiifuu banaa hin ta'u.;
2. Murteen mana marichaa icitiin qabamuu qaba;
3. Murteen mana marichaa qaama dhimmi ilaaluuf guyyaa sadi(3) keessatti darbuufii qaba;
4. Miseensonni mana marichaa murtee murtaa'e qaamoota itti waamamni isaaniif ta'e murticha akkuma barbaachisummaa isaatti isaaniif dabarsuu qaban ;
5. Walitti qabaan murteen mana marichaa sub-qunnamtiin akka ibsamu taasisuu ni danda'a.

### 32. Qaboo Yaa'ii

1. Qaboo yaa'ii Mana Marichaa marii fi murteen walgahichaa barreeffamaan, sagalee fi viidiyoodhaan waraabamee taa'a;
2. Qaboon yaa'ii yaadota asiin gaditi ibsaman of keessaa qabaachuu qaba;
   a. Iddoo walgahii, guyyaa fi sa'aatii itti jalqabame;
   b. Miseensota walgahii irrati argaman;

c. Miseensota hin argamnee fi sababa hin argamneef;

d. Namoota biroo walgahicharrati argamaniifi sababa hirmaa-taniif;

e. Ajandaawwan walgahiif qabaman;

f. Haala marii fi yaadota ka'an gabaabinaan;;

g. Yaadota akka garaagarummaati akka qabaman murtaa'an;

h. Murtiiwwan murtaa'an, haala murtichi itti raawwatu, yeroo itti raawwatamuu qabuu fi qaama ykn nama raawwicha akka hordofu murtaa'e;

i. Haala walgahichi itti xumuramee fi yeroo itti xumurame

3. Qaboon yaa'ii barreeffamaan qabame walgahii itti aanuu irratti dhiyaatee sirrummaan isaa erga mirkanaa'een booda miseensota hundaan mallatteeffamuu qaba.

4. Miseensi kamiyyuu sirrummaa qaboo yaa'ii walgahii mana marichaa hubachuu yoo barbaade Daarektoreetii Dhimma Kaabinee biraa ilaalu ni danda'a. Haa ta'u malee, haala kaminiyyuu waajjirichaa ala baasuun hin danda'amu.

## KUTAA JAHA

### Sirna Wal-gahii fi Naamusa Miseensotaa

**33. *Sirna Walgahii kabajuu***

1. Miseensi mana marii kamiyyuu sirna walgahii kanatti aanaan kabajuu qaba;

a. Dubbachuun dura harka baasuun hayyama walitti qabaa gaafachuu qaba;

b. Yeroo walgahii kabajuu;

c. Walgahii irratti argamuu, yoo kan hin argamne ta'e sababa isaa walitti qabaaf ibsuun sa'aatii 24 dura hayyama argachuu qaba;

d. Yaadni walgahii irratti kennu dhimma dhihaate kan ilaalu akka ta'u gochuu;

e. Yaadni kennamu nama irratti osoo hin ta'in yaada irratti akka xiyyeefatu gochuu fi haala kabaja agarsiisuun dhiheessuu;

f. Yeroo walgahiin mana marii adeemsifamu teessuma irraa ka'uun dhaabbachuu, teessuma gadhiisuun socho'uun, namoota biroo waliin haasa'uun, namoota dubbatan deeggaruun ykn mormuun haasaa isaa addaan kutuu hin qabu;

g. Haala addaa ta'een yoo hayyamameef malee miseensonni dubbachuu barbaadan osoo jiranii miseensi tokko dhimma tokko irratti yeroo tokkoo ol dubbachuuf hayyama gaafachuu hin qabu.

**34. *Tarkaanfiiwwan Sirna Kabachiisuuf Fudhataman***

1. Miseensi sirna walgahii akka kabaju walittiqabaadhaan ofeegannoon ykn mana mariidhaan gorsi ni kennamaaf;
2. Miseensa mana marii balleessaa deddeebisee raawwatu irratti manni marichaa akkaataa dambii kana keewwata 37tiin ni murteessa.

**35. Sirna Naamusa Miseensotaa**

Mariin kamiyyuu walgahii mana marii irratti godhamu naamusni miseensoota jiddu jiraachuu qabu eegamee, yaada wal kabajuu irratti kan hundaa'e ta'uu qaba;

## 36. Balleessaa Naamuusaa

Miseensi kamiyyuu, kan itti aanaan yoo raawwate balleessaa naamusaa akka raawwatetti lakkaa'ama:

1. Eeyama malee walgahii irraa hafuu;
2. Walgahiidhaaf qophii gahaa gochuu dhabuu;
3. Sa'aatii walgahii irra deddeebiin barfachuu;
4. Manaa fi alatti gocha maqaa fi kabaja mana marichaa xureessuu danda'u jechuun machii, malaamaltummaa fi kkf irratti bobba'uu;
5. Yeroo walgahiis ta'ee walgahiin ala miseensotas ta'ee namoota biroo waliin waldhabuu, gochaawwan kabaja tuqanii fi dantaa namaa miidhan raawwachuu;
6. Icitii mana marii fi mootummaa eeguu dhabuu;
7. Yeroo miseensummaasaa mana marii karaa kallattii fi kallattii hin taaneen, manneetii hojii itti gaafatamummaadhaan gaggeessu qabeenya mootummaa kamiyyuu bituu, ykn kireefachuu, ykn qabeenyaa isaa waajjirichaatti gurguruu ykn kireessuu;
8. Miseensonni mana marii yeroo miseensummaa isaanii beekumsa mana mariitiin ykn hayyama walitti qabaan ala gara biyya alaa deemsa beekamaa hin taane(unofficial) raawwachuu;
9. Miseensonni mana marii yeroo miseensummaa isaanii qabeenyaa mootummaa hojii fi jireenya isaaniif barbaachisaa ta'ee kennamuuf kunuunsaa fi qusannoon qabuun itti fayyadamuu dhabuu.

## 37. Adabbiiwwan

Walitti qabaan barbaachisaa ta'ee yoo arge, bu'uura aangoo

seeraan kennameefiin tarkaanfiiwwan seeraa fudhachuu danda'u akkuma eegametti ta'ee:-

1. Manni Marii miseensa hanqina naamusaa agarsiise irratti akka ulfina dhimmichaatiin ilaaluun adabbiiwwan kanatti aanan murteessuu ni danda'a.
   a. Gorsaa fi akeekkachiisa afaanii;
   b. Akeekkachiisa barreeffamaa;
   c. Badiin naamusaa cimaa ykn deddeebiin yoo raawwatamu miseensummaa mana marii irraa akka ittisamu taasisuu ni danda'a.
2. Miseensi adabbiin itti murtaa'e dhimmi isaa mana marii ykn koreedhaan irra deebi'amee akka ilaalamuuf gaafachuu fi barreeffama ragaa dhiheessuun falmuu fi ofirraa ittisuu ni danda'a.
3. Manni Marii mataa isaatiin ykn gaaffii ykn iyyata dhiyaate irratti hundaa'uun dhimmicha ilaalee ykn yaada murtee koree irraa dhihaateef qoratee murtii kennuu ni danda'a;
4. Manni Marii iyyatni dhihaateef ykn hanqina naamusaa miseensa koreedhaan qoratamee dhihaachuu akka qabu yoo itti amanu koree qulqulleessaa moggaasuun ni qulqulleessa.

## KUTAA TORBA

### Sirna Miseensonni Ittigaafatamuumaa Irraa Itti Ka'an fi fedhii isaaniitiin Hojii Itti Gad Lakkisan

**38. Sirna Miseensonni Mana Marichaa Ittigaafatamummaa Irra Itti Ka'an**

1. Miseensi Mana Marii kamiyyuu hojii irraa kan ka'u:-

a. Yakkaan himatamee yoo itti murtaa'e;

b. Dandeettii yoo dhabee fi hanqinni hojii irratti mul'ate ilaalchisee akka fooyyeffatu deeggarsaa fi gargaarsi erga godhameef booda kan hin fooyyeffanne yoo ta'e;

c. Sababa dhiibeetiin hojii isaa raawwachuu yoo dadhabeefi

d. Fedhii isaatiin.

2. Miseensi kamiyyuu itti gaafatamummaa irraa ka'uu isaa barreeffamaan ni ibsamaaf;

**_39. Miseensonni haala fedhii isaaniitiin hojii itti gad lakkisan_**

**_Miseensi fedhii isaatiin hojii gadilakkisuu barbaade kamiyyuu:_**

1. Gaaffii hojii gad-lakkisuu barreeffamaan pirezidaantiif dhiyeessuu qaba;
2. Gaaffii isaa osoo hojii gadi hin lakkisin guyyaa 30 dura dhiyeessuu qaba;
3. Pirezidaantiin gaaffii dhiyaate irratti guyyaa 20 keessatti murtii ni kenna.

**_40. Sirna wal-harkaa fuudhiinsaa fi waraqaa ragaa_**

1. Miseensi ittigaafatamummaa irraa ka'eefi hojiisaa fedhaan gadi dhiise hojiilee adeemsa irratti jiranfi meeshaalee harka isaa jiran kan ibsu gabaasa wal-harkaa fuudhiinsaa qopheessuudhaan nama bakka bu'uuf kennuu qaba;
2. Miseensi hojii irraa ka'e ykn barri hojii isaa xumurame waraqaan ragaa ni kennamaaf;
3. Miseensi hojii irraa akka ka'u taasifame hanga ji'a lamaatti ramaddiin kennamuufii qaba;
4. Mindaafi faayidaaleen adda addaa kennmaafii ture hanga ramaddiin biroo kennamuufitti mana hojii duraan hojjetaa

ture irraa argachuu qaba, ta'us mindaafi faayidaaleen kan biroo kennamuuf ji'a sadii caaluu hin qabu;

5. Kan kanaan olitti keewwata kanaan ibsame akkuma ee-gametti ta'ee, sirni adeemii ramaddiifi hojii irraa ka'iinsi mis-eensota mana mariifi muudamtoota biroo qajeelfama manni marii baasuun kan murtaa'u ta'a.

## KUTAA SADDEET

### Sirna faayidaalee, Badhaasaa fi Deemsa Biyya Alaa

***41. Waa'ee faayidaalee adda addaa miseensotaaf kennamuu qabanii***

Faayidaaleen adda addaa kan akka mana jireenyaa, konkolaataa, bilbilaa, yaalaa fi kkf yeroo bara hojii isaanii miseensotaafi muu-damtoota biroof kennamuu qabanii ilaalchisee qajeelfama mana mariin bahuun murtaa'a.

***42. Sirna Badhaasaa fi Kennaa***

1. Manni marii namoota ykn dhaabbilee dhuunfaa ykn kan mootummaa hojii gaarii hojjatan fi fakkeenyummaa ta'uu danda'an badhaasa ykn kennaa kennuu ni danda'a;
2. Akkasumas qaamoota Federaalaa ykn naannolee biroo ykn biyyoota alaa walitti dhufeenya gaarii naannicha wajjin uu-muu danda'an jedhee itti amane filuudhaan badhaasa ykn kennaa kennuufii ni danda'a.
3. Tarreeffamni isaa akkuma baachisummaa isaatti qajeelfa-ma ba'uun murtaa'a.

***43. Sirna Adeemsa Biyya Alaa Miseensota Mana Marichaa***

1. Miseensi mana marii biyya alaa hojiidhaaf ykn dhimma bi-rootiif deemuu barbaadu kamiyyuu:

a. Barbaachisummaafi kaayyoo adeemsichaa,

b. Yeroo dhaqaa gala barbaachisu,

c. Namoota biroo waliin kan deeman yoo ta'e maqaa guutuufi itti gaafatamummaa isaanii;

d. Adeemsichaaf baasiin barbaachisu eenyuun akka uwwifamuufi

e. Faayidaan adeemsichaa irraa naannoof argamu waliin barreeffamaan duraan dursee walitti qabaaf dhiyeessuufi hayyama argachuu qaba;

2. Akka barbaachisummaa isaatti mana mariitiif dhiyaatee irratti maryatamuudhaan murtiin barbaachisaa ta'e kennamuu ni danda'a;

3. Miseensi biyya alaa akka deemu walitti qabaan hayyamni kennameef xalayaa deeggarsaa kennamuun mana hojii isaatiin ykn qaama dhimmi ilaaluun raawwataaf;

4. Miseensota mana marii biyya alaa deemaniif durgoofi baasiin adda addaa kanfalamuuf qajeelfama bahuun kan raawwatu ta'a;

5. Miseensota mana marii waliin maatiin kan biyya alaa akka deeman walitti qabaan hayyamameef akka barbaachisummaa isaatti ilaalamee baasiin mootummaan uwwifamuu ni danda'a;

6. Miseensi akkaataa keewwata kanaan ibsameen biyya alaa deeme yeroo eeyyammeef olitti turuu hin qabu;

7. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa(6) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, turuun barbaachisaa ta'ee yoo argame walitti qabaa dursee hayyamsiisuu qaba;

8. Miseensi biyya alaa deemee deebi'e akkaataa dambii kana keewwata 5(h)tin gabaasa bu'aa daawwannaa mana

mariitiif guyyaa 15(kudha shan keessatti) barreeffamaan dhiyeessuun irra jiraata. Qabiyyeen gabaasichaa gabaa baafi ifaa ta'ee qabxiilee armaan gadii of keessatti hammachuu qaba.

a. Muuxxannoon argameefi haala hojii irra itti ooluu danda'u;

b. Adeemsa keessatti rakkoolee quunnamaniifi isaan hiikuuf yaalii godhamanfi

c. Kan biroo of keessatti hammachuun mana marichaaf dhiyaachuu qaba.

9. Miseensonni mana marii biyya alaa dhimma dhuunfaaf deemuu barbaadan hojiin akka hin miidhamnetti hayyama walitti qabaa irraa argachuun baasii ofiitiin deemuu ni danda'u;

## KUTAA SAGAL

### Tumaalee Adda Addaa

**44. *Dambicha Fooyyessuu***

Dambiin kun mana mariitiin fooyya'uu ykn jijjiiramuu ni danda'a.

**45. *Qajeelfama baasuu***

Manni marii dambii kana hojii irra oolchuuf kan gargaaran qajeelfama baasuu ni danda'a.

**46. *Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne***

1. Dambiin Ittiin Bulmaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.76/1998 bahe haqameera;

2. Hojimaanniifi barmaatileen dambii kana waliin wal-faallessanu kamiyyuu tumaalee dambii kanarratti raawwatiinsa hin qaban.

**47. *Dambichi yeroo Itti ragga'u***

Dambiin kun Muddee 7 Bara 2003 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

**Finfinnee, Muddee 7, Bara 2003**

**Alamaayyoo Atoomsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

Muddee 7, 2003
Finfinnee

Design + Printed by : Softnet IMX 628644